# PROTECTION OF PUPIL RIGHTS AMENDMENT

Oromo

## 2019-20 ANNUAL NOTIFICATION OF RIGHTS

Tikfata Mirga Baratoota Fooyya'aa (The ProtectIon of Pupil Rights Amendment, PPRA) waa'ee funaansa odeffannoo qorumsaa, haala gabaa fi qorannoo nageenya qaamaa ilaalchise mirga warra/guddiftuu barattoota sadarkkaa jalqabaa fi lammafaatiif kan kennu seera federaalaati. Boordiin Mana Barnoota Siyaatiil (The Seattle School Board) haala raawwii mirgoota fi dirqama PPRA ilaalchise bal'inaan Heera Boordii Lakk. 323 baasera. Kunis mirgoota armaan gadditti caqaffaman, akkasumas kaanis, dabalata:

- *Baratootni waa'ee dhimma ykn dhimmoota tikfamaa ("protected information survey") armaan gadditti caqafaman ilaalchise qorumsaa deemsisuuf odeffannoo akka kennan otoo hingaafatiin dura eeyyama gaafatamuu qabu, qorumsichi hanga ta'e ykn gutuumaatti maalaqa baasii sagantaa Mummee Barnoota US (ED) kan gargaaramu yoo ta'e--*
    1. Waa'ee gartummaa ykn amantaa polatikaa barattootaa ykn warra barattootaa;
    2. Dhibee sammu ykn xinsammuu barattootaa ykn warra barattootaa;
    3. Amala ykn ilaalcha saalaa;
    4. Amala seera-dhabeessa, dina-hawaasaa, of-saaxilu, ykn amala of-xiqqeessu;
    5. Namoota walitti firooman ilaalchise gaaffii gaad-fageenyaan isaan ilaalu gaafachuu;
    6. Walittidhufeenya seeraan beekamu, fakkenyaaf kan akka abukaatoo, hakiima, ykn qeesii;
    7. Gochawwan fi miseensummaa amantaa, ykn amantaa baratootaa ykn warra baratootaa; ykn
    8. Waa'ee galii, kanneen sagantaa tokkoo keessatti hirmachuuf danda'u isaanii xinxaluuf seeraan kan eeyyamame yoo ta'e male.

- Barataa sagantaa qorumsaa keessaa baasuuf yadannoo fi carraa argachuuf –
    1. Waa'ee dhiyessa-maalaqaa hubanaa keessa oto hingalchin, qorumsa tikfamaa oddeffanoo kamiyyu;
    2. Qorumsa ariffachiisaa yoo ta'e male, qormusa qaamaa ykn sagantaa tokko keessatti hirmaachuuf xinxala kaamiyyu, kanneen bulchiinsa ykn bakka-bu'aa mana barnootaan to'ataman, fi kanneen fayyaa fi nageenya barataa eeguuf barbaachiisaa hintaane, qorumsa fayyaa gurraa, ija, ykn dugdaa yoo ta'e male, ykn qorumsa qaamaa kamiyuu kanneen seeraa motummaan barbaachisaa ta'an ykn gaafataman ta'an male; fi
    3. Gochawwan sassaabbi, ibsaa, ykn fayyadama odeeffannoo dhunfaa dhimma gabaaf ykn gurguraaf ykn qaamoole birootti tamsaasuuf barattootarraa sassaabaman (kuni garu sassaabbi, ibsaa, ykn fayyadama odeffannoo dhunfaa tajaajila ykn meeshaa barnootaa barattootaaf ykn dhabbata barnootaaf guddissuuf, xiinxaluuf, ykn kennuuf jecha barattootarra sassabaman kan ilaalu miti).

- *Qoruu, gaaffi bulcinnsaa boodaa fi dura ykn fayyadamuu booda ykn dura –*
    1. Qormaata odeffannoo tikfamaa barattootaa fi qormaatoota garee sadaffaan boocaman;
    2. Meeshalee odeffannoo dhunfaa barattotarra ittiin guran, sbaba armaan olitti caqafaman kanneen akka gabaaf, gurguraaf, ykn tamsaasuuf jecha, fi
    3. Mesha barnootaa tajaajila seera barnootaa keesatti tajaajilu.

Mirgootni kun warra/gudiftuu barattootarraa gara barattota umuriin 18 ta'an ykn haala motummaan seeraan ijoollee bilisa (emancipated minor) ta'anitti darba.

Warri/gudiftuun barattootaa kanneen mirgi isaani akka sarbame amanan iyyanno gara qama armaan gaditti caqafametti galafachuu danda'u:
Family Policy Compliance Office, U.S. Department of Education, 400 Maryland Avenue SW, Washington, D.C. 20202

Odeffannoo sassaabuuf tattaafiileen karoorfaman armaan gaditti tarrefamaniiru.

QORUMSA BAASII-MAALAQA MUMMEE BARNOOTAAN ADEEMSIFAMU (kan eeyyama barbaadu):

- Qorumsi baasii-maalaqa MB-adeemsifamu kan odeffannoo tikfamaa sassaabuu barbaachisu barra-barnoota 2019-2020 karoorfame hinjiru.

QORUMSOOTA BIROO (hirmaannaa diduun mirga):

- <u>Of-gaafachuu (Check Yourself)</u> – Barattoota hirmaatan filuuf King County gargaarsa deebii atattamaa waa'ee amala fayyaa dunfaa kenna. Gaaffileen waa'ee cimina, gargaarsa, kaayyoolee, fayyadama dawaa, fayya sammuu, cinqama, fi nageenya gaafatamu. Gaaffileen kuniis waqti harca'aa/gannaa (fall/winter) barattoota kutaa 7 fi barattoota filataman muraasaafimmo barra barnoota guttu kennamu.

- Qorumsa Amala Balaa Dargaggoo (Youth Risk Behavior Survey) – Qorumsi biyyoolessa kun dhabbata **Centers for Disease Control and Prevention (CDC)** kan deeggaramu fi barra barnoota tokko tokko darbee kan adeemsifamudha. Gaaffileen qorumsa kanaa barattoota sadarkaa lammaffaa waa'ee amala fayyaa sammuu dabalatee, waa'ee nageenyaa, amala saalaa, fayyadama dawaa, sochi qaamaa, fi dhangaa gaafatu. Qorumsi kun baraa barnoota 2020-2021 ademsifama.
- Qorumsa Barattootaa waa'ee Qillensa Mana Barnootaa (Student Survey of School Climate) – Qorumsa waggaatti adeemsifamu, barattootni waa'ee qilleensaa fi aadaa mana barnootaa, akkasumas waa'ee qulqullinaa barnootaa kan gaafatu. Qorumsi kun odeeffannoo tikfamaa kan barbaachisu miti: gaaffileen waa'ee odeffannoo tikfaman armaan olitti caqafaman hingaafataman. Deebiin kennaman hundi maqaa nama deebii kenne otoo hinsaaxilin (dhooksaan) kennamu. Waqtii Arfaasaa (Spring) barattoota kutaa 3-12ffaa hundaaf kennamu.
- Gaaffilee waa'ee Ciminaa fi Rakkoolee (Strengths and Difficulties Questionnaire) – Gaaffileen kun (SDQ) narsoonni maneen barnootaa buu'aa barnootaa fooyyesuu fi rakkoolee haala baruu-barsiisuu xiqqeessuf kan itti fayyadaman qorumsaa gabaabaa waa'ee hawaasummaa fi itti-dhagayamati. Gaaffileen waa'ee haala sammu/xinsammuu fi amala seera-dhabeessa ta'an gaafatu. Qorumsi kun (SDQ) waqtii harca'aa/gannaa barattoota kutaa 6ffaa fi 9ffaa kanneen maneen barnoota qulqullina cimaa qabaatanii FEPP deeggaraman kessatti baratan hundaaf kennama (FEPP levy-supported schools).